

TO'ATAAN DHAABA KONKOLAATAA/ PAARKIINGII/ EENYUU FI MAALIIF?

Qajeelfama geejjibaa Seattle (SDOT) Magaalaa hawwattuu namoonni, iddoowwanii fi oomishaaleen walitti hidhaman keessa jiran deeggaruudhaaf yaaduudhaan konkolaataa daandii irra dhaabatan ni to'ata.

Tajaajila konkolaataa daandii irra dhaabuu (akkasumas tiraansiitiidhaaf, meeshaalee buusuu fi wantoo heedduu birootiif) kan oolu iddoon daandii cinaa sadarkaa hedduudhaan kan barbaadamu yaa ta'u malee hamma gadi aanaadhaan kan argamuudha. Sochiin namootaa fi meeshaalee kan dhorkee akka ta'u taasisuudhaaf bu'a qabeessummaa iddoowwan biiznasii (daldalaa) tumsuudhaa fi iddoowwan jireenyaaf mijataa ta'an uumuudhaaf fedhawwan dorgoomaa ta'an of-eeggannoodhaan wal simsiisna.

Kanaafuu dhaabbaii konkolaataa kan to'annu, iddoo dhaabbii konkolaataa kanfaltii gaafatan, fe'iisaa fi dhaabbii konkolaataa yeroo gabaabaa naannawa biiznasii fi akkasumas buufataalee dhaabbii konkolaataa mana jireenyaatiin daangeeffaman ni mijeessina. Waajjira Qajeelcha Poolisii Seattle kabachiisa seera paarkiingiingii, Karooraa fi Misooma (Planning and Development) paarkiingiingii daandiidhaan ala jiruuf, Mana murtii kutaa biyyaa Seattle fi qajeelcha Faayinaansii fi Bulchiinsaa waliin ta'uudhaan ni hojjenna.

TIKKEETTOTA PAARKIINGII

Haalota tikkeettonni paarkiingii akka isiniif kennaman taasisan irraa akka fagaattan abdiif qabna. Yaa ta'u malee, tikeetni isaniif kennamee guyyoota 15 keessatti adabbii keessan kanfalu dandeessu. Kanfaltii adabbii kanfaluudhaaf filannoowwan afur kan jiran yoo ta'u, filannoowwan kunneenis dugda duuba tikkeettaan barreeffamanii jiru.

POOSTAA WALIIN ISINIIF KENNAMEE WALIIN GOCHUUDHAAN, POOSTAA ERGUU:

Municipal Court of Seattle, PO Box 34987, Seattle, WA 98124-4987

BILBILAAN: (206) 233-7000

ONLAAYINII: www.seattle.gov/courts

QAAMAAN: Municipal Court of Seattle, 600 5th Avenue, Kibxataa hanga Jimaataa, 8 AM–5 PM

BEELLAMoota MANA MURTII

Tikkeetni kan anaaf kenname dogongoraan jettanii yoo amanmtanii fi tikkeetni kennamuu isaa beekuudhaan Abbaa Seeraa duratti dhihaachuu yoo barbaaddan, dhaddachi adabbii salphisuu akka isiniif qophaa'u gaafachuu ni dandeessu.

Danbii cabsuu raawwachuu keessan yoo amanmtanii fi adabbiinj maallaqaa akka isiniif salphatu Abbaa Seeraa gaafachuu yoo barbaaddan, dhaddachi adabbii salphisuu akka isiniif qophaa'u gaafachuu ni dandeessu.

Odeeffannoo dabalataaf: (206) 684-5600 ykn www.seattle.gov/courts/hearings/hearinginformation.htm

TIKKEETTOTA HIN KANFALAMIN

Meeshaan konkolaattonni tikkeettota hin kanfalamin afur ykn isaa ol ta'e qaban akka hin sochaane taasisan ni dhaabbata. Erga meeshaan kuni yeroo tokko dhaabbatee, sa'aatiwwan 48 itti fuufanii jiran keessatti tikkeettonnii fi kanfaltiwwan biroo yoo hin kanfalamin konkolaataan harkifamee fudhatama. Odeeffannoo dabalataa: www.seattle.gov/scofflaw



KANFALTII KONKOLAATAA DAANDII CINAA DHAABBATUU

Tajaajilli kanfaltii konkolaataa dhaabbii Wiixataa hanga sanbataa sa'aatii 8 AM hanga 6 PM ykn 8 PM tti dha. Hammi kanfaltii fi sa'aatii waggaa waggaaadhaan kan murtaa'u yoo ta'u, akkuma haala naannootti kan jijjiiramu ta'a. Mallattoon haalluu magariisaa kanfaltii paarkiingii qabu kanfaltii fooyya'aa agarsiisa. Mallattoon haalluu cuquliisa mallattoolee 5 booddee yoo agartan kanfaltiin barfannaa ni barbaachisa jechuu dha. Yeroo konkolaataan itti baay'atutti ganamaa fi galgala daandii cinaa konkolaataa akka hin dhaabne ni dirqamtu.

Iddoowwan dhaabbii konkolaataa kanfaltii qaban kanfaltii moobaayilaa qabu. App store irraa kan PayByPhone hojii irra oolmaa buusuudhaan kanfaltii paarkiingii saffisaa fi mijataa ta'e kanfaluun kan isin dandeessisu herrega uumaa.

TOOFTAALAA WAL QUNNAMTII FI MEESHAALAA DIJITAALII

Odeeffannoo dabalataaf:
(206) 684-ROAD (7623)

Dhimmoota saffisaa hin taaneef kabachiisaa ofiisara seeraa paarkiingii dubbisuu yoo barbaaddan: **(206) 625-5011**

Konkolaataawwan abbaa hin qabne gabaasa taasisuudhaaf: **(206) 684-8763**

Konkolaataan keessan daandii hawwaasaa irraa harkifamee yoo fudhatame: **(206) 364-2000** ykn kana do'adhaa **www.seattleimpound.com**

SDOT odeeffannoo paarkiin argachuudhaaf:
www.seattle.gov/parking

Bilbila ismaartiidhaan yoo ol guddate gidduu magaalaa paarkiingii kaartaa:
www.DowntownSeattleParking.com

SDOT tiif iddoo gaaraajii ammaa odeeffannoo argachuudhaaf:
www.seattle.gov/transportation/epark/mobile

KONKOLAATAA AS IRRATTI DHAABUU NIN DANDA'AA?

Mallattoolee beekaa, tikkeetni akka isiniif hin kennamne of –eeggadhaa, seera kabajuudhaan konkolaataa dhaaba. **Kana akkam akka gochuu qabdan isinitti agarsiisna.**



Seattle
Department of
Transportation

KONKOLAATAA DHAABUUN DHORKAA DHA DHA.

DAANDIIWWAN DHIBBAA DABARSAN

Daandiiwwan dhibbaa irratti yeroo dheeraafis ta'ee yeroo gabaabaaf konkolaataa hin dhaabinaa. Konkolaataawwan daldalaa hanga daqiiqaa 30 tti yeroo ta'uuf dhaabbachuudhaan fe'uu buusuu ni dandeessu.

DHAABBADHUUTII DURSA KENNI

Mallattoon dhaabbadhuutii dursa kenni jedhu iddoo jirutti fageenya kophee 30 ta'u keessatti ykn daandii ce'uumsaa miiltoo irratti fageenya kophee 20 keessatti konkolaataa hin dhaabinaa.

DAANDIIWWAN KEESSA KEESSAA

Daandii keessa keessaa fageenya kophee 5 ta'utti konkolaataa hin dhaabin aa. Jiraattonni/abbootiin qabeenyaa daandii keessa keessaaf dalgee tokkoon tokkoo haalluu keelloodhaan kophee 5 dibuun ni danda'ama.

MADDA DHANGALA'AA IBIDDA BALLEESSU

Maddi dhangala'aa ibidda dhaamsu iddoo jiruu fageenya kophee 15 keessatti konkolaataa hin dhaabinaa.

DAANDIIWWAN MIILTOO FI IDDOOWWAN DHAABBII BIQILOOTAA

Daandiiwwan miiltoo irratti akkasumas daandii miiltoo fi daandii konkolaataa gidduu iddoowwan hiran ykn iddoowwan biqiloota dhaaban irratti konkolaataa hin dhaabina.

DAANDIIWWAN QAXXAAMURAA FI CEHUUMSA MIILTOOWWANII

Daandii qaxxaamuraa, miiltoo qaxxaamuraa ykn naannoo cehuumsa miiltoo irratti fageenya kophee 20tiin konkolaataa hin dhaabinaa. Mallattoon paarkiiingii jiraachuu dhibuu isaa mirkaneessaa. Mallattoolee cehuumsa miiltoo kan qaban (haalluun kan itti dibame) ykn mallattoo kan hin qabne (haalluun kan hin dibamin) ta'uu ni danda'u.

Kophee 5

Kophee 15

Kophee 20

Kophee 30

daandii keessa keessaa

madda dhangala'aa ibidda balleessu

cehuumsa miiltoo

mallattoo dhaabbadhuutii dursa kenni



FAGEENYA HAGAMII IRRATTIN DHAABBACHUU DANDA'AA?



IDDOOLEE KONKOLAATAAN DHAABATEE ITTI HARKIFAMEE FUDHATAMU

Iddoowwan kanatti ykn iddoolee haalluun diimaan itti dibamanitti konkolaataan hin dhaabbatin.



IDDOOWWAN DHAABUUN HIN DANDA'AMNE

Iddoowwan kanneenitti konkolaataa hin dhaabinaa.



IDDOOWWAN YEROODHAAF DHAABUUN HIN DANDA'AMNE

Guyyyootaa fi sa'aatiiwwan mallattoo irratti ibsamaniin konkolaataa hin dhaabinaa. Gaaffilee yoo qabaattan biiroo tajaajila maamilaaf lakk.bilbilaa (206) 684-magaalaatti bilbilaa.

IDDOOWWAN BIROO ADDA BAHAN

Iddoo dhaabbii awutoobisii, dhaabbii taaksii, iddoo dhaabbii chaartarii awutoobisiitti ykn iddoowwan konkolaataa wal simsiisutti konkolaataa hin dhaabinaa.

KONKOLAATTOTA DALDALAA FI GUGUDDAA

Qaxanaawwan induustirii keessatti halkan walakkaadhaa hanga 6 AM yeroo jiru keessatti ta'uu baannan konkolaataan/harkifamaan fe'iisa inchi 80 ol ta'e qabu konkolaataa kamiyyuutti ykn daanduu dhiphaa irra hin dhaabinaa.

KONKOLAATAA DHAABUUN YEROO TOKKO NI HEEYYAMAMA



IDDOO KONKOLAATAAN QAAMA MIIDHAMTOOTAA ITTI DHAABBATU

Iddoo dhaabbii konkolaataa qaama miidhamtootaaf adda bahanitti hin dhaabinaa ykn heeyyama gaafadhaa. 1) Isin ykn fe'amtoonni keessan qaama miidhamtoota yoo ta'uu baataniin ala, fi 2) konkolaataan keessan mallattoo qaama miidhamtoota cime, lakk.gabatee ykn lakk.addaa yoo itti maxxanfamu baateen ala. Iddoo kana of-eeggannoodhaan fayyadamuun hanga \$450 nama adabsiisa.

KANFALTII DHAABBII KONKOLAATAA

Kan buufata konkolaataa ykn kanfaltii bilbilaa kanfaluun barbaachisaaa dha. 'After 5' mallattoo jedhutti aanee mallattoon cuquliisa jiru 5 PM booddee hanga daangaa daqiiqaa 3 jiraachuu isaa kan ibsuu dha. Mallattoo magariisa kan fayyadaman immoo kanfaltii gadi aanaadhaan ykn yeroo dheeraadhaaf dhaabuun kan heeyyamame ta'uu isaati.

IDDOO PAARKIINGII DAANGEEFFAME (RPZ)

Konkolaataan keessan heeyyama RPZ kan qabu yoo ta'e, hanga sa'aatiiwwan 72tti daandiiwwan RPZ irratti konkolaataa dhaabuun ni danda'ama. Heeyyama yoo qabaattan, daangaa sa'aatiiwwan maxxanfamaniin murtooftu. Bilbilaa. (206) 684-5086:

SA'AATIIWWAN KONKOLAATAAN ITTI BAAY'ATAN

Sa'aatiiwwan mallattoo irratti barreeffamaniin konkolaataa yoo dhaabdan konkolaataan keessan kireeniidhaan harkifamee fudhatama. Sa'aatiiwwan daangeeffan kan jijjiiraman waan ta'eef mallattooleen of-eeggannoodhaan ilaalaa.

IDDOOWWAN YEROODHAAN DAANGEEFFAMAN

Daangaa sa'aatii maxxanfame kabajuudhaan konkolaataa dhaaba. Konkolaataa keessan iddoo bilookidhaab ala jiru dhaabuu qabdu (kallattiwwan daandii lamaaniin): fakkeenyaaf, bilookii itti aanee jiruun ykn naannoo rogaa.




FE'UU IF BUUSUU

Konkolaattonni hunduu sa'aatiiwwan mallattooleen itti maxxanfaman irratti fe'uu/buusuu qabaatu. (Haalluu qarqara daandii: keellpp.)



IMALAA FE'UU

Konkolaattonni hunduu sa'aatiiwwan mallattooleen itti maxxanfaman irratti daqiiqaawwan 3f dhaabbachuudhaan imalaa fe'uu fi buusuu ni dandeessu. (Haalluu qarqara daandii: Adii).



KONKOLAATAA FE'IIISAA BUUSUU FI FE'U

Konkolaataan lakkoofsa gabatee konkolaataa fe'iisaa qaban qofti saa'aatiiwwan mallattoo irratti ibsaman keessatti fe'uu/buusuu ni dandeessu. (Haalluu qarqara daandii: keellpp)



NAANNOO KONKOLAATAAN DALDALAA ITTI FE'AMU (CVLZ)

Konkolaattota daldalaa qofa hanga daqiiqa 30 yeroo ta'uuf fe'uu fi buusuu ni dandeessu. Kanfaltii kanfalu ykn CVLZ hayyama qabaachuu qabdu. Bilbilaa. (206) 684-5103. (Haalluu qarqara daandii: keelloo)

HAALOTA BIROO

LAKK.GABATEE FI LAKKOOFSA SOTA ADDA BAASUU

Konkolaataan keessan gabatee duraa ykn booddee osoo hin qabaatiin lakk.gabatee barri tajaajila isaa raawwate qabattaniin qarqara daandii hin dhaabinaa.

DANBII SA'AATII 72

Konkolaataa keessan bilookii tokko jala sa'aatii 72 ol walitti aansuudhaan hin dhaabinaa, sana ta'uu baannan konkolaataan abbaa kan hin qabne taasifamee waan lakkaa'amuuf tikkeetni itti barreeffama ykn kireeniidhaan ni harkifama.